# سُورَةُ مُحَمَّدٍ
# Suuraa Muhammed

| | |
|---|---|
| *Dura dursoo suuran tun suuraa muhammad je'amti nageenyi isarratti haa jiraatuu. | قبل كل شئ هذه هي سورة محمد صلى الله عليه وسلم |
| *Isiin suuraa makkaati aayata 13 malee. | وهي سورة مكية الا الآية ١٣ |
| *Aayaanni takkichi kun adoo nabi Muhammad godaansaf gara madiina'aa deemuu irratti bu'e. | نزلت هذه الآية على الرسول ( ص ) وهو في طريقه الى المدينة |
| * Aayaanni isi'ii soddomii saddeeti 38. | وآياتها ( ٣٨ ) |
| *Lakkooysi isi'ii afurtamii torba 47. | وترتيبها ( ٤٧ ) |
| *Isiin eega suuratul hgadiidii buute | نزلت بعد سورة الحديد |
| *Jalqabni maqaa Rabbiitinii, Rabbii Rahgmata qabu. | بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ |
| *Warri Rabbii tokkichatti kafare ,yookaa morome.kan waan inni je'u didu, | ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ |
| *Kanneen islaamarraa nama dhoowwan ,kanneen namaa amanu'uu deemu amanuu dhoowwan. | وَصَدُّوا۟ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ |
| 1}*Rabbiin dalagaa gaarii isaan dalagan | أَضَلَّ أَعْمَٰلَهُمْ ﴿١﴾ |

duraa balleessee,sawaabaa isi'ii aakhira'atti hin argatan .ammoo addunya'atti ni argatan. akka sababaa waan gaarii dalaganiif horiin isaanii heddommaatu'uu fayyaan joolleen isaanii ida'amu'uu.

| | |
|---|---|
| *Warri Rabbi dhugo'oomse, itti amane, | وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ |
| *Waan gaarii dalage, | وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ |
| *Kanneen waan nabi Muhammadirratti bu'e dhugo'oomsan,sun qur'aanaa ammallee hadiisaa, | وَءَامَنُوا۟ بِمَا نُزِّلَ عَلَىٰ مُحَمَّدٍ |
| *Qur'aarmi haqa Rabbii isaanirraa dhufee, | وَهُوَ ٱلْحَقُّ مِن رَّبِّهِمْ |
| *Dilii isaanii isaanif araarame, dilii isaanirratti katabamte isaanirraa haqe, | كَفَّرَ عَنْهُمْ سَيِّـَٔاتِهِمْ |
| 2}*Akkasuma Rabbiin haala isaanii | وَأَصْلَحَ بَالَهُمْ ﴿٢﴾ |

isaanii tolche.

ذَٰلِكَ

*Dalagaa kuffaaraa balleessee, dalagaa mu'minaa tolchee,dilii isaanii dhiisun,

بِأَنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ ٱتَّبَعُواْ ٱلْبَٰطِلَ

*Sababaa warri kafare, sheyxaana jala deemanii baaxilli(kufr'i} jechu'ulleen je'amee,

وَأَنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱتَّبَعُواْ ٱلْحَقَّ مِن رَّبِّهِمْ

*Ammoo warri amane, haqa jala deeme . haqa Rabbii isaanirraa isaanii dhufe, sun qur'aanaa, yookaa iimaanaa,

كَذَٰلِكَ

* Akkasitti

يَضْرِبُ ٱللَّهُ لِلنَّاسِ أَمْثَٰلَهُمْ ﴿٣﴾

3}*Rabbiin nama hundaaf haala isaa ibsa kaafira dalagaa isaatinan balleessaa, mu'mina haala isaatinan tolcha je'ee , namaa ibse.

فَإِذَا لَقِيتُمُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ

*Duuba eega Rabbiin kaafira ni jibbaa beytanii, yoo warra Rabbi morome gartan,

فَضَرْبَ ٱلرِّقَابِ

*Qolomata dhawaa.yookaa morma irraa darba'aa ajjeesaa,

حَتَّىٰٓ إِذَآ أَثْخَنتُمُوهُمْ

*Hanga hoggaa nama hedduu isaanirraa ajjeeftanii laaffiftan, takkaa miya lolaa irraa qabattanii,takkaa bishaan irraa qabattanii dadhabsiiftanitti,

فَشُدُّواْ ٱلْوَثَاقَ

*Duuba eegasii ajjeechaa irraa dhaaba'aa, boojiya'aa, haadan hidha'aa hidhaa itti jabeessa'aa,

فَإِمَّا مَنًّۢا بَعْدُ

*Duuba eegasii yoo feetan, waa fudhatu'uun, malee, gad dhiisaa, haa biyya ifitti galanii,

وَإِمَّا فِدَآءً

*Takkaa akka hori'iin if bitan godhaa. yookaa, orma islaamarraa boojiyame fidanii, akka ifbaasan godhaa,

حَتَّىٰ تَضَعَ ٱلْحَرْبُ أَوْزَارَهَا

*Hanga lolli dhumutti kuffaarri islaamayutti, yookaa harka kennutti, (owza-arahaa} jechuun: ulfina lolaa jechuu. Ulfinni lolaa miya lolaatifii.waan isa fakkaatatii, duuba hoggaa lollii dhume kuffaara ajjeesu'uufii boojiyullee dhiisaa,

ذَٰلِكَ

*Dubbiin kuffaaraa ajjeessu'uufii, boojiyu'uufii, waan dubbanne sani,

وَلَوْ يَشَآءُ ٱللَّهُ

* Rabbi in adoo fedhee,

لَٱنتَصَرَ مِنْهُمْ

*Silaa kuffaara capsa. dandeytii isaatin isin isaanin lolu'uun male'etti, balaa lolan tayin, isaanitti ergee, isaan balleessuu dandaya,

وَلَٰكِن

*Haa tayuu wanni Rabbiin kuffaaran lolu'utti isin ajajeef,

لِّيَبْلُوَاْ بَعْضَكُم بِبَعْضٍ

*Akka garii keessan, garii keessaniin mokkoru'uufi.akka nama dhuga'aan amaneefii, kaan, namaaf adda baasu'uufi, akka kaafira mu'minaan mokkoree, mu'mina kaafiraan rnokkor u'uufi, kan kaafirarraa du'e, ibidda seenee. kan warm amnerraa harka kaafiraatin du'e, jannata seenee,tanaaf Rabbiin akki je'e;

وَٱلَّذِينَ قُتِلُواْ فِى سَبِيلِ ٱللَّهِ

*Warri orma islaamarraa, lola kuffaaraa keessatti, ajjeefame.isaanii.Rabbii je'ee lolu,

فَلَن يُضِلَّ أَعْمَٰلَهُمْ ﴿٤﴾

4}*Rabbiin dalagaa isaanii duraa hin balleessu. ni guddisaafi, sawaaba isi'ii ni heddommeysafi.

سَيَهْدِيهِمْ

*Rabbiin nama isaa je'ee if kenne san karaa, waan gaarii addunyaaafii .aakhira'atti.isaanii tolu dalagu'utti isa an qajeelcha ,waan addunya'aafii aakhira'atti, isaan miidhu dalagu'urraa isaan tiysa,

وَيُصْلِحُ بَالَهُمْ ﴿٥﴾

5} *Rabbiin haala isaanii addunya'aafii, aakhira'atti tolcha.

وَيُدْخِلُهُمُ ٱلْجَنَّةَ

Ammallee jannata isaan seensisa,

عَرَّفَهَا لَهُمْ ﴿٦﴾

6}* Jannata Rabbiin isaan beysisee jiru san warri jannataa hoggaa jannata seenu akka waan duraan keessa galuu ture, daran beekhaa, namaan na qajeelchaan je'uu, ceya'aatuma seena, nabi Muhammad nageenyi isaanirratti haa jiraatuu akki je'an: tokkoon keessan mana isaa kan jannataa hanga mana isaa kan addunya'aa, beeku,caalaa beeka, je'an .duuba namni jannata seene mana isaatifii, beera isaa warra isa khaddamu, odoo nama tokko, hin gaafanne beekha.odoo nama tokko, hin gaafanne beekha.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ

*Yaa warra Rabbiifii, rasuula isaa dhugo'oomse,

إِن تَنصُرُواْ ٱللَّهَ

*Yoo diinaa Rabbii jabbeessitanii itti dalaydan, yon isaa jettanii warra karaa Rabbii diduun loltan,

يَنصُرۡكُمۡ

*Diina keessanirratti isin gargaara,

وَيُثَبِّتۡ أَقۡدَامَكُمۡ ﴿٧﴾

7} *Miila keessanis gad dhaaba, akkana jechuun: isin jaynoomseti, akka kuffaara hin dheysine isin godha jechu.

وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ

* Ammoo warri Rabbitti kafare,

فَتَعۡسٗا لَّهُمۡ

*Badii yookaa hoongummaa, qabanii, Rabbiin isaan xiqqeessa,

وَأَضَلَّ أَعۡمَٰلَهُمۡ ﴿٨﴾

8}*Dalagaa isaanii, hunda duraa balleesse.

ذَٰلِكَ

*Wanni Rabbiin isaan hoongessee, dalagaa isaanii balleessef,

بِأَنَّهُمۡ كَرِهُواْ مَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ

*Sababaa isaan waan Rabbiin nabi Muhamadirratti buuse, jibbaniifi. wanni Rabbiin buuse, qur'aana. wanni isaan jibbaniif, isaatu, waan kheyrii tayetti, isaan kaasee, waan hamtuu lubbuun isaanii jaalattu, hundarraa, isaan dhoowwa'aafii maalif nabseen namaa, waan Rabbiin jaalatu dhiiftee, waan Rabbiin j ibbu, dalaguu qabdi, kanarraa maquun isii dhiba. yoo nama Rabbiin Rahgmata godheef taate malee. duuba kuffaarri, warra rahgmata Rabbirraa fagaatee,

فَأَحۡبَطَ أَعۡمَٰلَهُمۡ ﴿٩﴾

9}*TanaafRabbiin dalagaa isaanii duraa balleesse.

۞ أَفَلَمۡ يَسِيرُواْ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Si warri dubbii Rabbii didu, biyyoota lafaa keessa deemanii,

فَيَنظُرُواْ كَيۡفَ كَانَ عَٰقِبَةُ ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡۖ

*Akka warri Rabbitti balleesse,kan isaan dura dabre,booda keessa taye, hin laalanii?,

دَمَّرَ ٱللَّهُ عَلَيۡهِمۡۖ

*Wanni boodden isaanii itti dhumte Rabbiin isaanifiijoollee, horii isaanii, biyya isaanii, hunda balleessu'uu,

وَلِلۡكَٰفِرِينَ أَمۡثَٰلُهَا ﴿١٠﴾

**10}***Duuba warra amma kafareefis balaa akka warra isaan duratti buutetu jiraa, yoo qajeeluu baatanii,haa beekkatanii, jallinarraa deebi'anii.

ذَٰلِكَ *Rabbiin mu'mina gargaaree kaafira cabsuun,

بِأَنَّ ٱللَّهَ مَوۡلَى ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ *Sababaa, Rabbiin dirmataa yookaa gargaaraa, warra amanee tayeefi,

وَأَنَّ ٱلۡكَٰفِرِينَ لَا مَوۡلَىٰ لَهُمۡ ١١ 11}*Sababaa warri Rabbitti kafare nama isaanii dirmatee, isaan gargaaru hin qabneef.

إِنَّ ٱللَّهَ يُدۡخِلُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ *Rabbiin warra amanee, waan gaarii dalage ni seensisa,

جَنَّٰتٖ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُۖ *Jannata, lagootin, manneeniifii masnoo isaa jala olii gad yaatu,

وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ *Warri Rabbitti kafare,

يَتَمَتَّعُونَ * Addunyaa tana keessatti ni qanani'an, waan lubbuun isaanii feetu,hanga addunya'arrajiran, ni argatan,

وَيَأۡكُلُونَ كَمَا تَأۡكُلُ ٱلۡأَنۡعَٰمُ *Isaan akka horiin nyaatutti waa nyaatan ,nyaatuu malee yaada biraa hin qaban, isaan wanni jiraataniif, garaa guuttatanii, waan nabseen isaanii feetu argatu', waa takka. waan eega du'anii tayan hin yaadan, waan du'a booda isaan fayyadu hin dalagan. kun haala hori'iiti,

وَٱلنَّارُ مَثۡوٗى لَّهُمۡ ١٢ **12}***Jara kuffaaraa kana ,aakhira'atti, manni isaanii, ibidda, zalaalamii, itti gubatan.

وَكَأَيِّن مِّن قَرۡيَةٍ *Biyya heddu'uutu jira, yookaa ganda,

هِيَ أَشَدُّ قُوَّةٗ مِّن قَرۡيَتِكَ ٱلَّتِيٓ أَخۡرَجَتۡكَ *Kan mandara kee kan ifirraa si baase kanarra jaba'aa warra biyyootaa , bayye'eetu jira, kanneen warra makkaa, kan ifirraa si baaserra jajjabo'oo,

أَهۡلَكۡنَٰهُمۡ *Kan warra biyyoota sanii fin'e,

فَلَا نَاصِرَ لَهُمۡ ١٣ **13}** *Namni tokko,kan isaanii dirmatee balleessaa nuti isaan balleessine, jalaa, isaan baase, hin j iru, duuba warra makkaa, kan biyya teetii si baase kana, mooyu'uuf teessaa, isaan balleessu'uu teenyaa, nama isaanii dirmatu, hin argatanii, hin rifatin. hin yaad dawin. Wanni Rabbiin aayata tana buusef, nabi Muhammaddu, hoggaa kuffaarri makkarraa baasu, odao gara madiina'aa achi deemuu gara ma kkaa as mil'atee. wanni je'e: yaa (makka} ati biyya Rabbiin biyya isaa hundarra jaalatu ammallee ati biy-

yan, an, biyyoata Rabbii hundarra jaaladhuu,odoo kuffaarri biyya teetii sirraa na baasuu baatee silaa waa si keessaa hin bayu je'e. hoggaa san Rabbiin aayata buusee, nabi Muhammad, qalbii jabeesse.

أَفَمَن كَانَ عَلَىٰ بَيِّنَةٍ مِّن رَّبِّهِۦ

*Si namni daliila, yookaa ragaa ifaa, akka diinaa haqarratti jiru Rabbii isarraa qabu, isaan orma islaamatii,

كَمَن زُيِّنَ لَهُۥ سُوٓءُ عَمَلِهِۦ

*Akka nama,dalagaan isaa hamtuun isatti bareeffamtee, waan hamtuu , yookaa badduu san, waan gaarii tayuu argeetii? Isaan warra makkaatii, yookaa orma kuffaaratii,

وَٱتَّبَعُوٓاْ أَهْوَآءَهُم ١٤

14}*KanneenJaalala nabsee isaanii jala deemanii muka.yookaa dhagaa ibaadan. kan waan san ibaadun, waan gaarii tayuun, itti mul'ate. duuba nama akkanaatifii, namni waan Rabbiin je'u, dhagayee, waan inni je'utti dalage,akka tokkoo?akka tokkoo mitii. haalli jiruu isaanii addunya'aafii, aakhira'atti, akka tokkoo miti. MaaIif ? nama dubbii Rabbii didu, manni isaa, aakhira'atti, ibidda. Ammoo nama dubbii Rabbii dhagayu manni isaa jannata.

مَّثَلُ ٱلْجَنَّةِ ٱلَّتِى وُعِدَ ٱلْمُتَّقُونَ

*Sifti yookaa tilmaamni , jannata, Rabbiin warra isa sodaatuf kennu'uu if qabee, akeekkan isaa,

فِيهَآ أَنْهَٰرٌ مِّن مَّآءٍ غَيْرِ ءَاسِنٍ

*Jannata san keessa lagootii bishaanii tan bishaan isi'ii hin jirjiiramneetu jim. Kan gaara miski'ii jala bayu,

وَأَنْهَٰرٌ مِّن لَّبَنٍ لَّمْ يَتَغَيَّرْ طَعْمُهُۥ

*Ammallee lagootii aananii tan dhandhamni isi'ii, hin jirjiiramneetu jira,

وَأَنْهَٰرٌ مِّنْ خَمْرٍ لَّذَّةٍ لِّلشَّٰرِبِينَ

* Ammallee lagootii farsho'oo tan warri dhugu irraa das je'u.tan ajooyne. tan mataa nama hin dhooyne, akka farshoo addunya'atti,

وَأَنْهَٰرٌ مِّنْ عَسَلٍ مُّصَفًّى

* Ammallee lagootii dayma qulquIlu'uu yookaa, walala'aa, heddu'uutu keessa jira,

وَلَهُمْ فِيهَا مِن كُلِّ ٱلثَّمَرَٰتِ

*Warra jannataatif, jannata keessa, midhaan nyaadhamu, gosa hundaatu jira,

وَمَغْفِرَةٌ مِّن رَّبِّهِمْ

*Waan kannaman, saniin wajji, jaalala Rabbii isaanii ,araarama isaati qaban duuba namni qananii tana keessa jiru,

كَمَنْ هُوَ خَٰلِدٌ فِى ٱلنَّارِ

*Akka nama ibidda seenee zalaalamii itti gubatuutii? akka tokkoo miti,

وَسُقُوا۟ مَآءً حَمِيمًا

*Kan ibidda san keessatti bishaan akkaan ow'aadhaa obaafaman,

فَقَطَّعَ أَمْعَآءَهُمْ ﴿١٥﴾

**15}***Kan mar'imaan isaanii ciree hudd-u'uun keessaa yaa'u,wahi wal qixaa? wal qixaa miti .

وَمِنْهُم مَّن يَسْتَمِعُ إِلَيْكَ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad orma ajaja Rabbii didurraa, nama hoggaa ati, khuxbaa, jum'aadhaa qaraatu, si dhageeffatuutu jira, isaan munaafiqootaa warra afaanin islaamayee, gara'aan kafaree, kanneen bakka ormi islaamaa dhufu hunda wajjiin dhufan. jarri kun waan ati jettu si bira taa'aniiti dhaggeeffatan,

حَتَّىٰٓ إِذَا خَرَجُوا۟ مِنْ عِندِكَ

*Duuba hoggaa si biraa bayan, takkaa bakka ati jirtuu deeman .

قَالُوا۟ لِلَّذِينَ أُوتُوا۟ ٱلْعِلْمَ

*Ulamaa'ii asaaba'aa kan akka ilma abbaas kanneen waan nabi Muhammad je'u qabatu, warra beekkomsa qabuun akki je'an: waan nabi je'u xiqqeessu'uu jecha,

مَاذَا قَالَ ءَانِفًا ۚ

*Si maal amma je'e? wanni haaroyni inni jalqabee je'e maali? je'an akkana je-chun isaanii, waan makgnaan hin qabne je'ee, nuti, qalbiin goonee, hin caqafne. Jechuu isaaniti,

أُو۟لَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ طَبَعَ ٱللَّهُ عَلَىٰ قُلُوبِهِمْ

* Jarri sun warra Rabbiin kufri'iin qalbii isaanii daboolee, yookaa qadaadee .

وَٱتَّبَعُوٓا۟ أَهْوَآءَهُمْ ﴿١٦﴾

16}*Waan Rabbiin jaalatu dhiisanii, waan Iubbuun isaaniijaalattujala deem-anii ,afaanin amananii,gara'aan kafaranii ,khasaaraman ,yookaa badan, isaan waan dhagayaniin, hin qajeelan.

وَٱلَّذِينَ ٱهْتَدَوْا۟

*Ammoo warri qajeele,isaan orma islaamatii,

زَادَهُمْ هُدًى

*Sababaa waan nabirraa dhagayaniin Rabbiin qajeelloo isaanii ida'ee,

وَءَاتَىٰهُمْ تَقْوَىٰهُمْ ﴿١٧﴾

17}*Rabbi soda isanii, isaanii kenne isaan Rabbi sodaatuu,waan inni dalagaa je'een dalaganii, waan inni dhi isaa je'een dhiisuu isaanii kenne, yookaa isaan qunnamsiise, qalbii isaa nii keessa buusee

فَهَلْ يَنظُرُونَ إِلَّا ٱلسَّاعَةَ أَن تَأْتِيَهُم بَغْتَةً

*Si warri Rabbitti kafare,kan warra makkaa, qiyaaman dingatatti isaanitti dhufuu ,malee, waan biraa wahi eeganii {assaa'ata} jechuun:qiyaamaa jechu', {baghtatan} jechuun: hatattamatti, yookaa dingata jechu'u,

فَقَدْ جَآءَ أَشْرَاطُهَا

*Duubaa alaaman qiyaama'aa dhuftee jirti.alaaman qiyaama'aa ta dhufte.ta duraa nabi Muhammad ergamu'jiini baqaquu,

فَأَنَّىٰ لَهُمْ إِذَا جَآءَتْهُمْ ذِكْرَىٰهُمْ ﴿١٨﴾

18}*Ouuba hoggaa qiyaaman dhaabbatte akkamitti aakhiraa yaadatan ? gaafa isiin dhaabbatte aakhiraa yaadatuu hin dhaqabanii yaadatanillee yaadatuun gaafas isaan hin fayyaduu? yoo san dura amanan malee.

فَٱعْلَمْ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا ٱللَّهُ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa hin jiruu beekhi, wanni guyyaa qiyaama'aa namaa tolu, tokkummaa Rabbii yaadu'uu, Rabbii tokkicha malee Rabbiin ibaa hin jiruu yaadu'uu, tokkummaa Rabbii yaaduu kee, waaqa tokkicha malee, waaqni biraa hin jiruu , beekuu kee, itti fufi, wanni Rabbiin nabiin, Rabbiin tokkichaa beeki, je'eef odoo nabi Muhammad san beekuu akka ummanni isaa isarratti laallatu'uuti, nabiin akki je'an (namni odoo Rabbiin, yookaa waaqni tokkichaa yaaduu, yookaa je'uu du'e, jannata seena je'an},

وَٱسْتَغْفِرْ لِذَنۢبِكَ

*Dilii teetii jecha araara Rabbirraa barbaadi. yoo sirraa argamte. wanni Rabbiin, nabiin dilii teetirraa, araara Rabbirra barbaadi je'eef, odoo inni diIi'irraa tiyfamee jiruu,akka ummanni isaa isarratti laallatuuf nabi Muhammad, guyyaa tokko keessa hoggaa dhibba istighfaara yookaa araara Rabbirra barbaaduu ture,

وَلِلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ

*Akkasuma yaa ergamaa kiyya warra Rabbitti amane hundaaf, istighfaara godhi

وَٱللَّهُ يَعْلَمُ مُتَقَلَّبَكُمْ

*Rabbiin dalagaa addunya'aatif gara gaggaluu keessan, ni beekha,

وَمَثْوَىٰكُمْ ﴿١٩﴾

19} * Ammallee bakka isin aakhira'atti

itti deebitan ni beekha jannata moo, ibiddaa akkana jechuun Rabbiin haala keessan hunda beekhaa, waa takka, wanni haala keessanirraa isarraa dhokatu, hin jiruu. if eega, waan isinii tolu, kan Rabbiin jaalatu, malee, hin dalaginaa jechu'u.

وَيَقُولُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا

*Warri Rabbitti amane,kan cinqiin kuffaaraa itti jabeessite, ni je'a. jihaanni, isaanirratti dirqama godhamuu barbaadaf akka roorroo kuffaaraa ifirraa, deebisaniif, wanni isaan je'ani,

لَوۡلَا نُزِّلَتۡ سُورَةٞ

*Maalif suuran qur'aana tan jihaada dubbattu hin buufamne .

فَإِذَآ أُنزِلَتۡ سُورَةٞ مُّحۡكَمَةٞ

*Duuba hoggaa suuran, jabduun, beekkamtuun buufamte,

وَذُكِرَ فِيهَا ٱلۡقِتَالُ

*Tan jihaanni isaan barbaadan, keessatti dubbatarne .

رَأَيۡتَ ٱلَّذِينَ فِي قُلُوبِهِم مَّرَضٞ

*Wanni ati gartu,warra dhukkubni kufri'ii, yookaa nifaaqaa qalbii isaanii keessa jiru,

يَنظُرُونَ إِلَيۡكَ

*Kanneen gara kee laalan garta,

نَظَرَ ٱلۡمَغۡشِيِّ عَلَيۡهِ مِنَ ٱلۡمَوۡتِ

*LaaIcha, akka laaIcha, nama duuti itti dhuftee, kan soda'aaf,yookaa jibbansaaf, ija ol qabatuu hin dandeenye, duuba ormi munaafiqaa kunis akkasitti jihaada sodaatanii jibban,

فَأَوۡلَىٰ لَهُمۡ ٢٠

20} *Silaa wanni isaanif gaari'ii.

طَاعَةٞ

*Waan Rabbiin je'u, dhagayu'u, gammadu',

وَقَوۡلٞ مَّعۡرُوفٞ

*Ammallee jecha gaarii, waan Rabbiin itti ajaje, jaalatuun keessa jiru, siin je'u, bakka laalcha jibbansaa si IaaIan. Takkaa makgnaan (fa'owlaa lahum} jechu'uu; azaaba jaba'aatu orma munaafiqaatif jira jechu',

فَإِذَا عَزَمَ ٱلۡأَمۡرُ

*Duuba gaafa jihaanni dirqama godharne,

فَلَوۡ صَدَقُواْ ٱللَّهَ

*Odoo dhuga'aan Rabbitti arnananii, waan inni dalagaa je'u dalaganii,

لَكَانَ خَيْرًا لَّهُمْ ﴿٢١﴾

21}*Silaa santu isaanifirra gaarii.

فَهَلْ عَسَيْتُمْ

*Si ni kajeeltanii?,

إِن تَوَلَّيْتُمْ

*Yoo iimaanarraa, dubbii Rabbii dhagayu'urraa, gara galtan,

أَن تُفْسِدُوا۟ فِى ٱلْأَرْضِ

*Dachii balleessatanii, dili'iifii wal, ajjeesu'uun,

وَتُقَطِّعُوٓا۟ أَرْحَامَكُمْ ﴿٢٢﴾

22}*Ammallee rahgima, yookaa fira keessan ifirraa muruu feetanii? Sun waan Rabbiin irraa dhoowwuu, nama dubbii Rabbii dide, wanni hamtuun sun irraa argamuun ooltuu.

أُو۟لَٰٓئِكَ

*Warri dachii balleessee, rahgima ifirraa muru sun,

ٱلَّذِينَ لَعَنَهُمُ ٱللَّهُ

*Warra Rabbiin abaare, kan rahgmata isarraa isaan fageessee,

فَأَصَمَّهُمْ

*Haqa dhagayu'urraa isaan duuche,

وَأَعْمَىٰٓ أَبْصَٰرَهُمْ ﴿٢٣﴾

23}*Kanneen haqa argu'urraa.ija isaanii qabe,yookaa jaamse.

أَفَلَا يَتَدَبَّرُونَ ٱلْقُرْءَانَ

*Si jarri sun qur'aana, makgnaa isaa gad qabanii qalbifatanii,hin laalanii, akka saba baa saniin,haqa beekhanii, gorfaman,

أَمْ عَلَىٰ قُلُوبٍ أَقْفَالُهَآ ﴿٢٤﴾

**24}***Jara san,qalbii isaanirra danqaraan haqa seenuu dhoowwu jiraa haqa hin beekan?

إِنَّ ٱلَّذِينَ ٱرْتَدُّوا۟ عَلَىٰٓ أَدْبَٰرِهِم

*Warri eega amanee, kafaree, if duuba deebi'e ,kanneen , kufrii duraan irratti jiranitti deebi'an,

مِّنۢ بَعْدِ مَا تَبَيَّنَ لَهُمُ ٱلْهُدَى

*Eeguma hayn'i isaanii mul'atee, karaan islaamaa haqaa , karaan biraa hundi baaxila, yookaa kijibajechaa, beekanii,

ٱلشَّيْطَٰنُ سَوَّلَ لَهُمْ

*Sheyxaanatu ,dalagaa badduu san, isaanitti mi'eeysee,

وَأَمۡلَىٰ لَهُمۡ ٢٥
25}*Waan akkanaati argattan.jeee umrii dheerattan je'ee isaan hawwisiisee, gowwoomsee, karaa haqarraa isaan jallise. isaan munaafiqootaa.

ذَٰلِكَ
*Sheyxaanni isaan jallisuun sun,

بِأَنَّهُمۡ قَالُواْ
*Sababaa ormi munaafiqaa, yookaa yahuudi'ii je'eefi,

لِلَّذِينَ كَرِهُواْ مَا نَزَّلَ ٱللَّهُ
*Orma, waan Rabbiin buuse jibbeen warri qur'aana, Rabbiin buuse jibbe, kuffaara makkaa,warra muka .yookaa dhagaa, yookaa sibiiJa ibaaduu,wanni ormi munaafiqaa,yookaa yahuudi'ii , orma kanaan je'e: dhoysa'aan,

سَنُطِيعُكُمۡ فِي بَعۡضِ ٱلۡأَمۡرِۖ
*Waan garii keessatti, isiniin wajji dhaabbanna, akkana jechuun isaanii,nabi muhammad xilaata godhatuu keessatti, ammallee orma islaamaa jihaadarraa hamiJee cabsu'uun isin gar gaarra jechu'u,duuba kanuma ormi munaafiqaa kan nabiin wajji jiru, ammallee ormi yahuuda'aa kan madiinaa jiru, orma kuffaara qureyshi'ii, kan makkajiruuf dhoysa'aan dubbii san dabarsan, Rabbiin nabi Muhammadiif himee dirree baase,

وَٱللَّهُ يَعۡلَمُ إِسۡرَارَهُمۡ ٢٦
26}*Rabbiin waan isaan dhoysa'aan je'an , yookaa dalagan, hunda beekaa.

فَكَيۡفَ إِذَا تَوَفَّتۡهُمُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ
*Mee haalli jara sanii akkam taya? Gaafa malaaykan isaan ajjeefte,

يَضۡرِبُونَ وُجُوهَهُمۡ
*Kan malaaykan hoggaa ruuhgii isaanii fuutu toomaa, sibiiJatiin fuula isaanii keessa, tumtu, hoggaa isaan itti gara galan,

وَأَدۡبَٰرَهُمۡ ٢٧
27}*Kan hoggaa isaan irraa achi gara galan, gama duubatiin malaaykan azaabaa tan ruuhgii isaanii, keessaa fuudhu'uu dhufte dhooytu mee ormi munaafiqaa sun gaafas akkam tayan? Shayxaanni ar'a,dalagaa hamtuu isaanitti bareechu isaanii hin toluu.

ذَٰلِكَ
* Akkasitti kuffaara ajjeessun sun,

بِأَنَّهُمُ اتَّبَعُوا مَا أَسْخَطَ اللَّهَ

*Sababaa isaan sheyxaana jaJa deemanii waan Rabbi jibbisiisu, kufrii dalaganiifi,

وَكَرِهُوا رِضْوَانَهُ

*Sababaa waan Rabbi jaalachiisu dalaguu jibbaniifi, yookaa dhiisaniifi .Amanuu didanii,

فَأَحْبَطَ أَعْمَالَهُمْ ﴿٢٨﴾

28}*Duuba sanii je'eeti Rabbiin dalagaa isaanii hunda , balleesse.

أَمْ حَسِبَ الَّذِينَ فِي قُلُوبِهِم مَّرَضٌ

*Si warri dhukkubni nifaaqaa, yookaa kufrii dhoysa'aa , qalbii isaanii keessa jiru, ni seyanii,

أَن لَّن يُخْرِجَ اللَّهُ

*Akka Rabbiin nabiifii, orma mu'minaatif hin mul'ifne, seyanii,

أَضْغَانَهُمْ ﴿٢٩﴾

29}*Hammeenya isaan nabiifii, orma islaamatiif qaban. Waan saaxil isaan hin baafne seyanii, hin seyin.

وَلَوْ نَشَاءُ

*Odoo feenee, yaa ergamaa kiyya Muhammad,

لَأَرَيْنَاكَهُمْ

*Warra kufrii gara'atti qabatee afaanin islaamummaa mul'isu san, waan isaan gara'aa qaban si garsiifna, si beysifna,

فَلَعَرَفْتَهُم بِسِيمَاهُمْ

*Silaa asxaa, yookaa alaamaa, isaanitiin beyta,

وَلَتَعْرِفَنَّهُمْ فِي لَحْنِ الْقَوْلِ

*Siifan kakadhaa,orma munaafiqaa san makgnaa waan isaan je'aniitin beeyta, hoggaa isaan si biratti dubbatan akka, waan islaama tuquun keessa jiru, daylaan, dubbatu'uu fa'aan,

وَاللَّهُ يَعْلَمُ أَعْمَالَكُمْ ﴿٣٠﴾

30}*Rabbiin dalagaa tees san hunda ni beekha irraa isin gaafata.

وَلَنَبْلُوَنَّكُمْ

*Qabsoo haqatti isin ajajnee isin mokkoru'uuf teenya,

حَتَّىٰ نَعْلَمَ الْمُجَاهِدِينَ مِنكُمْ وَالصَّابِرِينَ

*Hanga warra isinirraa jihaada godhee, jihaadarratti obsu beekhuu keenya, gabroota keenyaa mul'ifnutti.

وَنَبْلُوَا۟ أَخْبَارَكُمْ ﴿٣١﴾

31}*Ammallee hanga oduu teessan mul'ifnutti dubbii teenya dhageessaniiti jihaada gootan moo, ammallee waan biraa kan nuti itti ajajne jaalallaniiti dalaydan moo,hin dalaydanii .mul'ifnutti .isin mokkorruun oollu.

إِنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟

*Warri Rabbitti kafaree,

وَصَدُّوا۟ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ

*Karaa Rabbirraa nama dhoowwu

وَشَآقُّوا۟ ٱلرَّسُولَ

*Kanneen diddaa ergamaa Rabbiitif deernan,

مِنۢ بَعْدِ مَا تَبَيَّنَ لَهُمُ ٱلْهُدَىٰ

*Eega karaan qajeello'oo isaanii ifa galee .eega islaamni haqaa beekanii, dubbii ergamaa Rabbii yoo dhagayuu didan

لَن يَضُرُّوا۟ ٱللَّهَ شَيْـًٔا

*Kufrii isaanitiin Rabbi miidhuu, rasuula isallee miidhuu, hin dandayan,

وَسَيُحْبِطُ أَعْمَٰلَهُمْ ﴿٣٢﴾

32}* Rabbiin dalagaa gaarii isaan dalaagan , tan akka beelayaa nyaachisu'uu, hunda duraa balleessaa sawaaba isi'ii aakhira'atti hin argatan dubbiin tun orma kuffaaraa kan nabi Muhammadiin lolu'uuf, horii hedduu baasee ashkara kufTaaraa, nyaachiseef dhufte kan akka abuu jahlii. kan gaafa, lola badrii gaala kudhan qalee , ashkara nabiin lolu nyaachise, kan akka suheylii kan gaala kudhan qale, kan akka abulbuhgturi'ii, kan gaala kudhan gaafas qale. akkasuma namni biraa hedduun gaala hedduu gale. Rabbiin dalagaa san, duraa balleessee, sawaaba ittin argatan akkasuma namni ar'a islaama balleessu'uufhorii baasu sawaaba hin argatu.

۞ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟

*Yaa warra Rabbitti amane

أَطِيعُوا۟ ٱللَّهَ وَأَطِيعُوا۟ ٱلرَّسُولَ

*Rabbiifii Rassuula dhagayaa,

وَلَا تُبْطِلُوٓا۟ أَعْمَٰلَكُمْ ﴿٣٣﴾

33}*Dalagaa teessan cubbuu dalaydanii hin balleessinaa, diliin gariin, dalagaa balleessiti takka kafaru'uu, nama kafare, wanni gaarin inni dalage marte, duraa badde. ammoo diliin gariin , dalagaan balleessituu sawaaba dalaga'aati balleessiti .takka nama garsiisiifatu'uu dalagu'uu namni nama garsiifatu'uuf salaatu sawaaba hin qabuu. haa tayuu salaanni isaa hin baddu, ammoo waan kennaniin dhaaddatuun sawaaba waan kennaniiti balleessiti.waan kennaniin dhaaddatuun yoo Rabbiin waan gabroota isaatii godheen dhaadatuu taate malee yoo nabiin waan ummata isaatii godhe dubbatuu taate malee .yookaa

abbaan waan ilmo'oo god he dubbatuu taate malee, waan namaa kennan dubbatuun gaari'ii miti dalagaa fardi'ii, tan akka salaataa eega itti see-nanii cabsuun, uzri'iin male'itti, hin gayu ammo sunnaan akkasii miti . yoo sunnaa hajji'iitifii umra'aa taate malee.

إِنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ وَصَدُّواْ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ

*Warri ,Rabbitti kafare. karaa Rabb-irraa diinaa isarraa nama ittisee

ثُمَّ مَاتُواْ وَهُمۡ كُفَّارٞ

*Isaanii kuffaaraa dhuman,

فَلَن يَغۡفِرَ ٱللَّهُ لَهُمۡ ٣٤

34}*Rabbiin isaanifhin araaramu.

فَلَا تَهِنُواْ

*Isin ormi islaamaa hin laafinaa,

وَتَدۡعُوٓاْ إِلَى ٱلسَّلۡمِ

*Wal tayu'utti kuffaara hin yaaminaa yoo isaan yaaman malee,

وَأَنتُمُ ٱلۡأَعۡلَوۡنَ

*Isintu isaanii olii,hoggaa wal dura dhuftan. wannii isinirra jiru, dhooytani humna teessan mul'isu'u malee, koottaa wal taanaa jettanii laafina keessan mul'-isu'uu miti,

وَٱللَّهُ مَعَكُمۡ

*Rabbiin gargaarsa isaatin isiniin wajji jiraa duuba namni Rabbiin wajji jiru maal dhabe humna diinaa akkamiin sodaata?,

وَلَن يَتِرَكُمۡ أَعۡمَٰلَكُمۡ ٣٥

35}*Sawaaba dalagaa teessanii isinirraa Rabbiin hin ir'isu isiniif ida'a malee.

إِنَّمَا ٱلۡحَيَوٰةُ ٱلدُّنۡيَا

*Jiruu addunya'aa tana keessatti, addu-nyaa argatu'uuf dalaguun,

لَعِبٞ وَلَهۡوٞۚ

*Tapha ,waan aakhiraa nama irraan fa-chiisu,(Iakgibun} jechuun; waan faaydan, ammaa boodalleen,keessa hin jirre.(Iahwun}:waan, waan irra caalu nama dagachiisu. duuba aakhiraa haftu'uu, dalaguu dhiisanii, waan dhumuuf, dalaguun tapha. haa tayuu waan aakhira'atti namaa tolu addunyaa tana keessatti dalaguun tapha hin je'amtu. Sun waan akka ibaada'aatifii, waan ibaada'arratti nama jabeessu dalagu'uu sun aakhiraa je'amaa,

وَإِن تُؤۡمِنُواْ وَتَتَّقُواْ

*Yoo addunyaa tana keessatti Rabbitti amantanii, Rabbuma keessan sodaatt-anii, waan inni jaalatu dalaydanii, waan inni jibbu dhiiftan sun waan aakhira'aati je'arnaa,

يُؤۡتِكُمۡ أُجُورَكُمۡ

*Rabbiin sawaaba dalagaa teessanii isiniifkenna,

وَلَا يَسۡـَٔلۡكُمۡ أَمۡوَٰلَكُمۡ ٣٦

36}*Rabbiin horii keessan hunda baassaaa namaa kennaa isiniin hin je'u, hangi kennaa isiniin je'e, hanga zaka'aa qofaa, sun waan isinitti ulfaatuu mitii.

إِن يَسۡـَٔلۡكُمُوهَا

*Odoo horii keessan hunda isin gaafatee kennaa isiniin je'ee,

فَيُحۡفِكُمۡ

*Gaafii isinitti jabeessee, hanga isin harkaa fixutti, isinirra barbaadee,

تَبۡخَلُواْ

*Ni doyn'oomtanii.hin kennitan,

وَيُخۡرِجۡ أَضۡغَٰنَكُمۡ ٣٧

37}*Duuba doyn'ummaan teessan, jibbansa isin islaamaf qabdan,ni mul'ifti, Maalif lubbuun jaalala hori'irratti uumamtee, nama horii isiin jaalattu kana duraa barbaade ni jibiti.

هَٰٓأَنتُمۡ هَٰٓؤُلَآءِ

*Isin yaa warra na dhagayu,

تُدۡعَوۡنَ لِتُنفِقُواْ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ

*Qabsoo karaa Rabbiitii jecha, horii baasu'utti yaamamtan.sun waanuma dandeessaniinii,

فَمِنكُم مَّن يَبۡخَلُۖ

*Duuba isinirraa nama waan kenni je'aniin, kennuu didee,doyn'oomutu jira. kan karaa Rabbii keessatti horii hin baafne,

وَمَن يَبۡخَلۡ

*Namni waan Rabbiin kenni je'een kennuu didee doyn'oome,

فَإِنَّمَا يَبۡخَلُ عَن نَّفۡسِهِۦۚ

*Lubbuma isatti doyn'oome.waan sawaaba odoo waan san ken nee argaturraa, isii hoongesseef,

وَٱللَّهُ ٱلۡغَنِيُّ

*Rabbiin dureessa.horii sanuu, isinii kenne,

وَأَنتُمُ ٱلۡفُقَرَآءُۚ

*Isin deegoo, yookaa hiyyeeyyii, gara Rabbii haajamuu, waan inni je'u dalagaa. Rabbiin duraan isinii kenne, ammallee isuma kan waan baaftan daran, dachaa godhee isinii kennuu,

وَإِن تَتَوَلَّوْاْ

* Ammoo yoo waa Rabbiin isiniin je'u dhagayuu diddanii irraa gara ga tan,

يَسْتَبْدِلْ قَوْمًا غَيْرَكُمْ

*Isin deemsiseeti, bakka teessan ummata biraa fidaa,

ثُمَّ لَا يَكُونُوٓاْ أَمْثَٰلَكُم ﴿٣٨﴾

38}*Duuba warri bakka teessan fidu sun, akka keessan hin tayu.akka isin dubbii Rabbii dhagayuu diddanitti hin didanii, isaan warra dhagayu tayan warra waan Rabbiin dalagaa je'uun dalagee, waan inni dhiisaa je'uun dhiisu'.